

INSTITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA



Moojuulii Leenjii Hojii Irraa

Ittifayyadamaa fi Bulchinsa Lafa Baadiyyaa

Qophessaan:

Obboo Misgaanuu Mul'ataa [LLB, LLM]

2001

11QSO

Adaamaa

Baafata

1. seensa Gooroo (module).....	1
2. Boqqonnaa 1 : Imaammata, Bulchiinsaafi	
ittifayyadanfa lafa Baadiyyaa waliigalatti	2
qabxilee (seeroota) bu’uuraa imaammata.....	4
lafa baadiyyaa	
1.1.1. tumaalee heeraa mootummaa.....	4
1.1.2. tumaalee labsiiwwan adda addaa ...	5
a. Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa	
baadiyyaa mootummaa gidduu	
galeessaa lakk.456/1997	5
b. Labsii bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa	
oromiyaa lakk.130/1999.....	7
b.1. kaayyoo fi barbaachisummaa lab.lakk.	
130/1999.....	8
b.2. daangaa raawwatinsa lab.lakk	
130/1999.....	8
Boqonnaa 2: Mirga argannaa lafa baadiyyaa fi wabii itti	
fayyadamaa.....	9
2.1. Akkaata mirgi lafa baadiyyaa itti argamu.....	10
a. kenninsa mootummaatin	12
b. dhaalan ykn kennaan abbaa qabiyyeerra.....	16
c. kiraadhan abbaa qabiyyee dhuunfaarra	
ykn mootummaarra argachuu.....	17
2.2. Mirga dubartoonni lafa aadiyyaarratti qaban	
(women’s land right)	19
2.3. wabii mirga itti fayyadama lafa	
baadiyyaa mirkaneessuu.....	22
Boqonnaa 3: Daangeffama fi hafinsa mirga ittifayyadama lafa	
baadiyyaa	23
a.mirga itti fayyadamfa dhiisuun	

(waiver of right)	23
b. mootummaan yoo dhaalame	24
c. daangaa darbinsa yeroo	24
d. dirqama tumaalee labsii bahuu dhabuun.....	27
Boqonnaa 4: Akkaataa waldiddaafi waldhabbinsa abbaa qabiyyee	
itti hiikamu	28
4.1. kaayyoo fi gahee jaarsolee araaraa	28
4.2. gahee mana murtii idilee	32
Miiltoo: labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa	
baaadiyyaa oromiyaa lakk 130/1999.....	36

Seensa Moojulii (Gooroo)

Jiruufi jireenyi uummata biyya kanaa akka waliigalaatti kan uummmata naannoo oromiyaa immoo haala addaatin Qonnarratti kan hundaahedha. Ummanni qotee bulaan sababa jireenyi isaa qonnaarratti hundaahedha lafaafi qabeenya ummamaaf iddoo ola'naa qaba. Faayidaa ol'aanaa lafti baadiyyaa qotee bulaaf kennaa jiru gidduu galeessa gochuun akkaata bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa haala guddina walitti fufinsa fiduu dandeesisuun seeraafi sirnna diriirsuun barbaachisaadha. Kana qofa osoo hintaane seerota bahanii hojiirra jiranis yeroorra gara yerootti sakattu'un hanqina qabaniif furmaata kennaa hojiitti jijjiiruun waan boruuf jedhamu miti. Moojuliin kunis sababa hundee ta'e olitti ibsame kana bu'uurefachuun maalummaa labsii bulchiinsaafi itti fayyada lafa baadiyyaa naannoo oromiyaa sakkatta'uufi rakkinna labsichaa keessatti calaqqisan seeca'anii baasuf yaalii taasisa. Dabalataanis qabiyyee fi raawwannaa labsichaa madaaluudhan rakkoowwan qabatamaa hojiiratti danqqaa ta'an maalfaa addaan baasuun ilaalameera.

Gooroon (modul) kun boqonnaa afur ofi keessa qaba. Boqqonnaa tokkoffaa keessatti imaammataa, bulchiinsaa fi itti fayyadaya lafa baadiyaa haala waliigalaa tiin kallattii imaammata, tarsiimoo misooma baadiyyaa gidduu galeessa taasifate keessa gama bulchiinsaafi itti fayyadaya lafa baadiyaatin jiruu qabxilee bu'uuraa ta'an heeraa mootummaa fi labsiiwwanirratti caqasaman ilaaluun yaalameera.

Boqonnaa lammaffaa keessatti mirga argannaafi wabii ittifayyadama lafa baadiyaa kallattii biraan immoo dirqama abbaa qabiyyee maal akka fakkaatu xiinxalameera. Boqonnaa sadaffaan daangeffamaafi hafinsa mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa kan ilaalu yoo ta'u arfaffaan immoo akkaata waldhabbiin mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyaatin walqabatee ka'u itti hiikamu kan ilaaludha.

Hirmaatoonni leenjii kanaa rakkoo labsii kanaan walqabatee hojiirra oolchuurratti isaan muudate gidduugaleesa gochuun taasisuun isaanira eegama. Ka'umsa mariif qabxii bu'uura labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa qabatmaatti hojiirra oolchuurratti maal fakkaata kan jedhuufi dhimmoota mana murtiin ilaalamani xumuura argatan tokko tokoo dhiyaataniru. Dabalataan hirmaatoonni rakkoo labsii kana hojiirra oolchuurratti qabatamaatti isaan muudate wal jijjiirani marii taasisun yaada furmaata burqisiisu ykn rakkicha addaan baasun ni hubatu.

Gaaffilee mariirratti ka'an xiinxaluufi akka toluuf labsii lakkoofissa 130/1999 labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo oromiyaa gooroo kanaan miiltoo ta'ee dhiyaatera.

Xumuura leenjii kanaarratti hirmaatoonni:

- Abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaarratti imaammata waliigalaa maal akka fakkaatu ni hubatu
- Kaayyoo fi qabiyyee labsichaa ni madaalu
- Hirinaafi cimina labsichaa illee xiinxaluun yaada furmaata laatu
- Wabii mirga abbaa qabiyyumaaf qabxiiee bu'uura ni ibsu

- Gaheefi kaayyoo jaarsolee araara ni xiinxalu
- Waldhabii abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa hiikurratti shoora mana murtii idilee ni ibsu

Boqonnaa 1: Imaammata bulchiinsaafi itti fayadama lafa baadiyyaa akka waliigalaatti

Seensa

Uummata biyya keenya keessa dhibbantaa harki 85 kan jiraatu baadiyyaadha. Hundeen jireenya uummata hedduu baadiyyaa jiraatu kanaas qonna. Kanaaf jecha imaammata bulchiinsaafi itti fayyadaya lafa baadiyyaa ifaa ta'ee hunda dura diriirsuun haalan barbaachisaadha. Heera mootumma Federaalawa Riipabilika Dimokraatawaa Itoophiaa (FRDI) keessatti imaammani abbaa qabeenya lafaa ifatti deebii argateera. Dhimmi abbaa qabeenyummaa lafaa biyyoota adda addaatti sadarkaa heeraa mootummaatti iddoon yoo hin laatamneef illee haala qabatmaa faayidaa lafti kennu tilmaama keessa galchuun heeraa mootummaa keessatti iddoon kennameefira.

Akkuma heera mootummaa gidduu galeessaa keessatti ifatti taa'een lafti qabeenya uummataafi mootummaa Itoophiyaati. Lafti kan hin gurguramneefi bifa kamiinu hinjijjiiramne qabeenya waliinii sabaafi sablemoota Itoophiyaati jechuun kwt. 40(3) jalatti caqaseera.

Imaammatachi lafti qabeenya uummataa waliinii waan ta'eef mootummaan keessatuu mootumooleen nannoo maqaa uummatichaatin kan bulchu ta'uu ni ibsa.

Imaammani bulchiinsaa fi itti fayadama lafaa kun kan dhugoomuu danda'u imaammatacha bu'uura godhatee seeraa kaallattiidhan imaammatacha raawwachiisuu danda'u bahee hojiirra yoo oolee qofa.

Seeraa bareeda qabaachuu qofa osoo hintaane seerichi lafa qabatee lubbuu horachuun rakkina bulchicnsaafi itti fayyadama lafa waliin walqabatee jiruuf furmaata keennuu yoo danda'edha.

Gama kanaan labsii lak. 456/1997 fi 130/1999 labsii bulchiinsafi itti fayyadama lafa baadiyaa fooya'e sadarkaa mootummaa gidduu galeessaa fi naannoo waldura duubaan baasuun hojirra oolee jira.

Dhuma kutaa kanatti leenjifamtoonni:

- Imaammata bulchiinsaa fi itti fayyhadama lafaa akkaata Heeraa Mootummaa FRDI keessatti caqasameen addaan baasani ni ibsu
- Qabxilee bu'uuraa imaammata hojiirra oolchuuf lbsilee keessatti caqasaman ni hubatu
- Kaayyoo, barbaachisummaafi daangaa raawwatinsa lab.lak 130/1999 ni hubatu

1.1 Qabxilee bu'uuraa imaammata lafa baadiyyaa

Qabxileen bu'uuraa imaammata lafaa kallattiidhan akkaata Heera Mootummaa FRDI keessatti caqasameeti imaammata hojiirra oolchuuf labsilee sadarkaa mootummaa gidduu galeessaa gidduugalessaafi naannootti bahan haala kanaan gadiitti ilaalla.

1.1.1 Tumaalee Heera mootummaa(FRDI)

Akkuma seensa boqonnaa kanaa keessatti ibsuu yaalletti faayidaa lafti uummata keenyaf kennuufi jireenya siyaas-dinagdee biyya keenya gidduu galeessa gochuun imaammanni abbaa qabiyyummaa lafaa sadarkaa heeraa motummaatti dhimmoota xiyeeffannaa argatan keessa isa tokko.

Keewwata 40 FRDI 1987 bahe waa'ee mirga abbaa qabeenya ilaallatu jalatti lafti akka qabeenya tokkotti ilaalamee keewwata kanan

hammatameera. Keewwata 40/3/ jalatti lafa baadiyaas ta'e magaalaa akkasumas qabeenyi uumammaa hundaaf abbaan qabeenyaa mootumaafi uummata Itoophiyaati. Lafti qabeenya waliinii sabaa fi sablammii Itoophiyaa waan ta'eef hingurguramu, hinjijjiiramu. Lafti qabeenya waliinii uummataa waan ta'eef mootummaan keessattuu mootummooleen naannoo maqaa uummataatin seera mootummaan gidduu galeessaa baasu bu'uureffatee kan bulchani kwt.52(2)d)).

Akkaata imaammata kanaatti lafti qabeenya uummataa fi mootummaa waan ta'eef namni jireenya isaa qonnarratti hundese kamuu qotee buluuf lafa isa barbaachisu tolaan argachuuf mirga akka qabu fi lafa qabiyyee isaarra buqqa'uu akka hinqabne tumeera (kwt.40(5)). Mirgi itti fayyadama lafaa kunis mirga qabeenya laficharratti misoomse gurguruu, jijjiiruu, dhaalchisuu, yeroo mirgi itti fayyadamaa laficharra hafu qabeenya isaa irraa kaafachuufi mirga beenya argachuu kan dabalatu.

Haa ta'u malee faayidaa uummataaf barbaachisaa ta'ee yoo argame mootummaan lafa deebisee qooduu akka danda'uus ni aangessa. Lafa qotee bultootan hinqabamne yoo jiraate mootummaan faayidaa adda addatif akka oolu taasisuf aangoo qaba. Kana malees abbootii qabeeynaa qonnaarratti bobbaahuuf fedha qabaniif kiraa (lease) yeroo dheeraaf itti fayyadaumuu akka dandahaniti kireessuu ni dandaha.

Wabii mirga abbaa qabeenyummaa mirkaneessuuf kwt.40 (5) fi (7) jalatti akka caqasameen qotee bulaan kamuu sababa gahaan lafti isaa mootummaadhan yoo Kan dhaalamu ta'e qabeenya (kaapitaala) laficharratti dhangalaaseefi fooyya'insa (humna ykn qabeenya isaatin) argamsiiseef beenyaa walmadaalu argachuuf mirga qaba.

Heerri mootumma kwt.51 jalatti mootummaan gidduu galeessa dhimma itti fayyadamaa fi kunuunsa lafaa akkasumas qabeenya uumamaa ilaalchisee labsii baasuu akka dandu’u tumeera. Gama kaaniin kwt.52 (2)d)tin bulchiinsa lafaafi qabeenya uumamaa kaan illee akkaataa seera mootummaan gidduu galeessaa baasuun mootummooliin Naannoo akka bulchaniif aangeseera. Bu’uuruma kanaan imaammata kana hojiira oolchuuf mootummaa gidduu galeessa labsii lakk.456/1997 baasee hojiirra akka oolu taasiseera.

1.1.2 Tumaalee labsiiwwan adda addaa

a) Labsii lakk. 456/1997

Labsiin kun labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa mootummaa gidduu galeessa jedhamee beekkama. Labsiin kunis imaammata mootummaan lafarratti qabu hojiirra oolchuuf kan bahedha. Kaayoon labsii kanaas akkuma seensa (preamble) labsichaarratti caqasmeen lafa qabeenya uummataa ta’e kana haala itti fayyadama isaa sirna qabsiisu fi carraa misooma dhaloota dhufuraatti haala dhiibbaa hinqabneen lafaa fi qabeenya uumamaa kunuunsuufi ogummaan gaggeesurratti kan xiyyeeffate. Kana malees lafaafi qabeenya uummamaa bulchuuf aangoon mootummoolee Naannoof kenname seera Mootumaan gidduu galeessaa baasurratti hundaaha hojiirra kan ooluu (FRDI kwt. 52(2(d)) waan ta’eef labsii kana baasuun barbaachiseera.

Qabxilee gurguddoo labsii kana keessatti caqasaman gabaabumatti akka itti aanuutti xiinxalameera.

Akkaata labsii kanaatti gosa qabiyyee lafaa (types of land tenure) sadii jiraachuu ibsa. Kunis lafa qabiyyee dhuunfaa, waliiniifi mootummaa jechuun kaahera. Lafti baadiyyaa qotee bultoota dhuunfaan, horsiisee bulaa fi abbootii qabeenyan adda dureen kan qabamuu danda’u ta’uu fi mirgi abba qabiyyee qonnaan bulaa dhuunfaa fi horsiisee bulaan

qabiyyee isaanirratti qaban yeroo hindaangofneef ta'ee kan abbooti qabeenya garuu akkaata labsii Naannoleen baasaniin yeroodhan Kan daangahedha. Kwt.5 jalatti akkaata labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Naannoleen baasaniin qonnaan bulaan, Horsiisee bulaan ykn gamisa horsiisee bulaa kamuu mirga lafa qonnaa tolaan argachuu akka danda'aniifi mirga itti fayyadamaa kun illee mataa isaaniitin itti fayyadamuurra darbee miseensa maatii isaaf kennaan ykn dhaalan dabarsuu akka danda'u tumeera. Haala kanaan wabii itti fayyadama lafaa mirkaneesera. Kana malees lammiin biyya kana umuriin isaa waggaa 18 ol ta'e fi dubartoonni jireenyi isaani qonnarratti hundaah lafa argachuuf mirga akka qaban ibseera. Kunis kan agarsiisu labsiin kun mirga walqixummaa korniyaa gama abbaa qabiyyee lafaatin mirkaneesuu isaati. Dabalataan labsiin kun warqaa ragaan abbaa qabiyyee mirkaneessu akka kennamuufi waraqaan ragaa kunis bal'ina lafaa, itti fayyadama, sadarkaa lafichaa, daangesitootaa fi mirgaa fi dirqama abbaa qabiyyee haala agarsiisuu dandahuun galmaahe kennamuuf akka qabu kaaheera. Kaayyoon labsii kanaa inni guddaan daangaa labsii naannolee baasan murteesuufi adamsa isaani saffisiisudha (the federal law is limited to being only a frame work law facilitating the regional laws in the event of enacting their respective rural land laws).

Qabxii marii

1. Lafti mootummaadhan kan bulu qabeenya uummataa ta'u isaa heeraa mootummaafi lab.Lakk.456/1997irratti ifatti caqasame kun qabatamaatti maal jechuu akka ta'e ibsaa.
2. Qotee bultoonni lafa isaanirratti mirga maalii akka qabaniif kan hinqabne addaan baasun mariihadhaa.
3. Angoon bulchiinsa lafaa fi qabeenya uummamaa naannolee hojiirra kan oolu bu'uura mootummaan gidduu galeessa seeraa baasen jechuun isaa maal agarsiisa? Keewwanni labsii kanaafi

Kan Naannoo yoo walitti bu'e kamtu raawwannaa qaba? Keewwaanni lab.lakk.456/1997 fi 130/1999(MNO) walitti bu'an yoo jiraate addaan baasatii sababa keessan waliin ibsaa.

b. Labsii Lakkoofsa 130/1999

(Labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa oromiyaa)

Qabxilee bu'uuraa imaammata lafaa ilaalchisee biyyittin keesse labsii kana keessatti illee haala garaagarummaa qabuun kan ibsame miti, ta'uus hinmalu. Sababiin isaas labsiin motummaa Naannolee bulchiinsa lafaa ilaalchisee bahu imaammatachaa fi labsii mootummaan gidduu galeessa bulchiinsa lafa ilaalchisee baaseen kan faalleessu yoo ta'e bu'aa waan hinqabneef. Kanaaf, qabxiin bu'uuraa imaammata waliigalaa lafa ilaalchisee olitti caqasame lab. lakk 130/1999 keessatti illee kan calaqqisu ta'uu hubatama.

b.1 kaayyoo fi barbaachisummaa lab.lakk.130/1999

Lafti baadiyyaa hundi mootummaa Naannoleetiin kan bulanidha. Mootummaan gidduu galeessaa yaadan (theoretically) lafarratti abbaa qabeenya ta'a jedhamee waan hinyaadamneef Naannoleen lafa kana haala seera fi sirnna qabuun bulchuf aangoon Heera Mootummaatin kennameeraf. Aangoo Naannoleen lafaa fi qabeenya uumamaa bulchuuf heeraa mootummaan gidduu galeessan kaahame hojiitti jijjiiruufi akkaata raawwii isaa addaan baasani labsii adda ta'een murteesuun hedduu barbaachisaadha. Kana malees mirga, dirqamaa fi wabii itti fayyadama lafaa imaammata itti fayyadamaa fi bulchiinsa lafaatiin walsimsiisani seeraan murteesun hojiirra oolchuudha.

Kaayyoon labsii kanaa gama biraatin haaluma seensa (preamble) keessatti ibsameen itti fayyadamni lafaa guddina walitti fufinsa

(sustainable development) fiduufi haala carraa misooma dhaloota dhufuurratti dhiibbaa osoo hinqabaatin dabarsuuf. Kaayyoofi barbaachisummaa labsichaa gabaabumatti haala kanaan erga ilaallee daangaa raawwatinsa labsichaa beekuunis barbaachisaa waan ta'eef akkaata ittiaanutti taa'eera.

b.2 Daangaa raawwatinsa labsichaa

Akkuma labsii lakk.130/1999 kwt.4 jalatti ifatti taa'een raawwatinsi labsii kanaa lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa keessatti argamu hundarrattiidha. Gama biraatin yoo ibsamu labsichi lafa naannoo bulchiinsa magaalaatti master pilaanidhan daangeffamerratti raawwatinsa hinqabu jechuudha.

Imaammanni bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa haala waliigalaatti biyya kanaaf bahe lafa baadiyyaafi magaala osoo addaan hinbaasiin bifuma tokoon kan irratti hojjetu ta'e illee labsiin kun garuu tarsiimoo guddinaa biyyitti baadiyyaa gidduu galeessa taasisuun karoorfate galmaan gahuuf haala addaatin lafa baadiyyaa bulchuuf waan barbaadef. Labsileen bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa kanaan dura turan illee bifuma walfakkaatuun daangaa raawwatinsa kan qabani ta'uu hubatama.

Qabxii Marii

Bu'uura labsii lakk. 56/94 fi 66/95 tiin lafa naannoo bulchiinsa magaala Shanoo falmii abbaa qabiyyummaa ka'e ilaalchisee koreen hawaasummaa gandaa keesumsiiisee murtii kenne manni murtii Aanichaas cimseera (gal.lakk ij. 50011)

- a) Murtii armaan olitti caqasame labsii lakk.130/1999 waliin ilaaluun labsiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa daangaa raawwii isaarratti marii taasisaa.
- b) Imaammanni lafaa biyyitiin keesse lafa baadiyyaafi magaalaa osoo addaan hinbaasin bifuma tokkoon Kan kaahedha. Labsiin

bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa maaliif lafa baadiyyaa qofarratti akka daangeffame sababa isaa ibsaa.

Boqonna 2: Mirga Argannaa fi wabii itti fayyadama lafa baadiyyaa

Dhimmi argannaa fi wabii itti fayyadama lafaa gosa abbaa qabiyyee kamirrattuu iddoo ol'aanaa kan qabaniifi mirkanaahumman isaani haalan barbaachisaadha. Wabiin itti fayyadama lafaa akkaata imaammata adunyaatti (international policy) kaayyoo lama rratti kan Xiyyeefate-mirga lafa manajireenyaf ta'u argachuu fi qabeenya uummamaa haala walitti fufinsa qabuun kunuunsuudha. Kaayyoo waliigalaa kanarratti hundaahun qabxilee lamaan kana akkaata labsii 130/1999 kutaa lammaffaa kessatti taa'an kanaan gadiitti addaan baafnee ilaalla.

Xumuura boqqonnaa kanaarratti leenjifamatooni:

- akkaata abbaan qabiyyee lafa itti argamu ni ibsu
- foormaaliitii mirgi itti fayyadama lafaa dhaalaan, kennaa ykn kiraan darbuuf guutuu qabu ni ibsu
- wabii itti fayyadama lafaa maal akka ta'e ni hubatu
- sababa mirgi itti fayyadama lafaa itti hafu ni ibsu

2.1 Akkaataa mirga lafa baadiyyaa itti argamu

Lafti qabeenya mootummaa waan ta'eef jiraatan naannoo kanaa umuriin isaa wagga 18 fi ol ta'ee qotee ittin buluuf kan isa barbachisu tolaan argachuuf mirga akka qabu ifatti kaheera. Mirgi lafa tolan argachuu kun nama jireenya isaa qonnarratti hundese qonnaan bula qofa osoo hintaane horsiisee bulaa fi gamisa horsiisee bulaa hunda addaa addummaa saalaa osoo hinqabaatin kan mirkanaahedha.

Lafti dhuunfaadhaan, uummanni waliiniifi mootummadhan qabamuu ni danda'a. Kun gosa lafti itti qabamu (type of tenure) jedhamee beekkama.

Dhuunfaan- lafa qabame jechuun mirga itti fayyadama lafa namoota dhuunfaaf, maatii, garee, dhaabbata daldalaa, fi dhaabilee miti-mootummaaf addan bahee kan kenname ta’ee hayyama abbaa qabiyyee malee namoonni kaan itti fayyadamuu hindandeenyedha.

Qabiyyee waliilnii- jechuun mirga miseensonni dhuunfaan lafichatti fayyadamuu danda’an qabiyyee waliinii garee saniiti. Fakeenyaf lafa uummanni aadaadhan waliin dheedichaaf itti fayyadaman, burqaa bishannii, bakka amantii, bakka awwaalaaf tajaajila kennuufi kan kana fakkaatan (kwt.5(4)). Qabeenyi waliinii uummanni itti fayyadamu ilaalchisee dhimmoonni mana murtiitti dhiyaatan qabiyyee lafa dheedichaa uummanni naannoo tokkoo waliin bakka tokkotti akka itti fayyadaman ykn lafa ciisichaa Looniif kennamu. Rakkoon gosa qabiyyee kanaa waliini walqabatee ka’u miseensi laficharra mirga qaabaachuu isaa haala itti mirkaneessudha. Gama tokkoon lafichi aadaadhan daddarbaa kan dhufe waan ta’eef yeroorra gara yerootti miseensoonni ni jijjiiramu. Dhaloonni haarowaanis bakka ni bu’u. Gama kaaniin qabyyeen waliinii kan uummata naannoo tokkoof kan kenname fakkeenyaaf “Qehee warra ebeluufa’iif “jechuun kan kenname malee miseensota addaan baase kan kaahe ta’uu dhabuu saati. Bakka tokko tokkootti immoo falmiin jiru lafa dheedichaa waliinii qonnaatti addaan qoodachu waliin kan wal qabatudha.

Qabxii marii

Lafa qabiyyee waliinii fedha miseensotaarratti hundaahaa addaan qoodachuun danda’amaa? Yoo miseensi harka xiqqaan addaan qoodachuu morme woo furmaanni isaa maal ta’a?

Lafa qabiyyee Mootummaan jechuun lafa qotee bulaan itti hinfayyadamne, abbaa hinqabne, qabeenya bosonaaf daangeffameefi kan

fakkaatan mootummaan abbaa qabeenyummaatin bulchuufi tajaajila adda addaaf akka ooluu taasisudha.

Qabxii Marii

Labsii lakk. 130/1999 kwt.14 (1) jalatti lafa jallisiidhan misoomuun ala qabiyyeen qotee bulaa, horsiisee fi gamisa horsiisee bulaan qabamee jiru deebi'ee hin qoodamu jedha. Labsiin Kun lab.lakk.456/1997 faalleessa jettee amantaa? Faalleessera yoo kan jettu ta'e bu'an isaa maali?

Mirgi abbaan qabiyyummaa lafaa akkaata itti argamuu danda'u adda dureedhan akka mirgaatti mootummaarra tolan ta'us maatii ofiirraa kennaadhan ykn dhaalaan, akkasumas kiraadhan argamuu danda'a. Lafti qabeenya mootummaati jedhamu illee qonnaan bulaan lafa tolaan argatetti daangaa yeroo malee umurii isaa guutuu itti fayyadamuu ni danda'a (kwt.6 (1)). Mirgi itti fayyadama lafaa kun abbaan qabiyyee ofiin itti fayyadamuurra darbee kireesuufi miseenssa maatii isaatif dhaalaan ykn kennaadhan dabarsuu akka danda'u (kwt.9) jalatti taa'era. Haa ta'u malee lafti qabeenya mootummaa waan ta'eef barbaachisaa ta'ee yoo argame lafa deebisee qooduf mootummaan aangoo akka qabu imaammata waliigalaa lafaafi labsii lak.456/1997 keessatti ibsameera.

Qabxii burqaa falmii kan ta'e akkaata fi foormaaliity mirgi abbaa qabiyyee dhaalaan ykn kennaadhan miseensa maatii ofiitti darbuu dandahuufi kiraan argamuu ilaalchisee qabatamaatti maal akka fakkaatu ilaalla.

A. Dhaalaan mirga itti fayyadama lafaa dabarsuu ykn argachuu

Mirgi itti fayyadama lafaa abbaa qabiyyee mataa isaa qofaarratti kan daangahe osoo hintaane miseensa maatiiisaatif dhaalchisuu akka danda'u kwt.6(1) fi 9(1) jalatti ibsameera. Akkaatan raawwii isaas bu'uura seeraa dhaalmaatin kan raawwatu malee foormii addaa waa'ee mirga itti fayyadama lafaa dhaalan dabarsuu ilaalchisee labsichi tume hinjiru.

Kanaaf, mirga itti fayaadama lafaa dhaalchisuu ilaalchisee ulaagaaleen guutamuu qaban, gosa dhaamoos ta'e dhaalan akkaatan raawwii isaa walumaagalatti seeraa dhaalmaa Hariiroo Harwaasaa kwt.826 kaasee hanga 1125 jiran haala amala addaa lafa baadiyyaafi imaammata waliigalaa ilaalchisee taa'ee osoo hinfaallesiin kan raawwatinsa qabu ta'a. Seerri dhaalaa maal jedha isa jedhuuf gosa barnootaa mataa isaa dandahe waan ta'eef keessa galuu osoo hin barbaachisiin bira darbameera.

Haa ta'u malee qabxii tokko tokko labsichi mirga qabiyyee dhaalchisuurratti daangesse caqasuun barbaachisaadha. Mirga itti fayyadama lafaa miseensa maaatii qofaaf dhaalaan dabarbuu akka danda'u labsichaan daangeffameera.

Lafti qabeenya dhuunfaa waan hintaanef mirgi abbaan qabiyyee irratti qabu murtaahadha. Kanaaf abbaan qabiyyee lafaa akkuma qabeenya isaa dhuunfaa kamiituu dhaamoodhan dabarsee miseensa maatii isaan alatti abbaa barbaadetti kennuu hindanda'u. Gaaffiin asitti ka'uu malu miseensa maatii kan jedhaman eenyu fa'i? kan jedhu. Labsichi hiika tumaalee waliigalaa keessatti miseensa maatii jechuun hijoolle abbaa qabiyyeerra dhalatan ykn namoota biroo galii biraa hinqabneefi abbaa qabiyyee waliin dhaabbataan jiraatan jechuun hiikaa kennu illee hiikichi mataan isaa gaaffii biraa dabalee kan uumudha. "Namoonni galii biraa hinqabne dhaabbataan abbaa qabiyyee waliin jiraatan eenyu fa'i? kan jedhu. Gaaffii kana deebisuuf hiikka biraa kennuun ykn namoota kana ebelu, ebelufa'i jennee yaamnee fixuu waan hindandeenyef akka ogeessa seeraa tokkotti mala hiikkaa seeraa (techniques of interpretation) itti fayyadamuun kaayyoo fi barbaachisummaa labsichaa bu'uura godhachuun gaafichaaf deebii kennuun rakkisaa kan ta'u miti.

Kaayyoon keewwata kanaa lafti qabeenya mootummaa waan ta'eef namoonni dhuunfaan mirga abbaa qabiyyee isaani akka malee itti

fayyadamuun lafa akka qabeenya dhuunfaatti namootaa gara namootaatti hindadabarre dhorkuudha. Keessattuu haala imaammata lafaa faalleessuun harka lafa jalaatin maqaa dhaalchisuutin lafati akka hingurguramneefi hinjijjiiramne dhorkuuf waan ta'eef hiikkaan miseensa maatii haala dhiphaatin (strict) hiikkamuu qaba. Kana malees lafti aadaadhan mallattoo eenyummaa waan ta'eef harka maatii keessa akka hin bane eegumsa gochuudha.

Gama biraatin labsiin kun haala addaatin kan kaahe miseensonni maatii mirga itti fayyadama abbaa qabiyyee dhaaluf gaaffii yoo dhiyeesan mirga dursaa kan qabu eenyudha? kan jedhu. Kwt 9(2) jalatti haala ifa ta'een miseensa maatii ta'anii dhaaltoota galii lafa sanirra argamurratti jireenyi isaani hundaaha/maxaanani/ jiraatan ykn galii biraa hinqabneef mirgi dhaalmaa dursa laatamuu akka qabu kaahera. Yaadni kunis haala qoodinsa lafaa uummata keessatti haala wal madaalaa (fair) ta'een deebisani hiruu fi jireenya namoota galii lafichaarr argamurratti maxanaanii bulan haala itti fufinsa qabuun jiraachisuuf. Lafti dhaalan dhaaltoota giddutti yeroo qoodamu bal'ina ooyiruu gadi aanaa qonnaaf heektaara 0.5 lafa jallisiif heektaara 0.25 (kwt.7(1)) gadi yoo ta'e addaan qoodamuu hinqabu, Waliin itti fayyadamu ykn waliigalteedhan haala biraan itti fayyadamu malee. Lab. Lakk. 56/94 kan fooyy'e illee taanan abbaan qabiyyee maatii isaa qofaaf dhaalan dabarsuu akka danda'u ibsa

Qabxii marii

Himmatoonni kan du'aa abbaa isaanirra dhalatan namoonni shan himannaa himatamaarratti dhiyeesaniin abbaan keenyi umurii waggaa 135 ta'e erga gurrii fi ijji isaa jaamee waggaa 32 ta'ee dhaamoo kennuu hindandeenye himatamaan qabeenya abbaa keenya lafaa fi mana (baadiyyaadha) dhaamoon argadhe jechuun mana murtii Aanaatti waan galmeeseef dhaamoon sobaa kun nuuf haa haqamu jechuun dhaaltumma abbaa isaani ta'u mirkaneefachuun dhiyeefataniru.

Himatamaanis deebii kenneen ergan lafa kana gara maqaa kooti jijjiiradhee gibira itti kanfalee wagga torba darbeera. Dhaamoonis iddo namni 4 jirutti kan naaf kenname waan ta'eef himanni dhiyaate kufaadha jechuun falmeera.

Manni murtii Aanichaas erga raga bitaafi mirgaatin qulquleeffateen booda himatamaaf (akaakoo du'aa ykn mucaa mucaa du'aa) dhaamoon taasifame bu'uura ulaagaa taa'een guutamee kan hinraawwatamme (bakka raga nama afur jiranitti dubbiffame mallattahe osoo hintaane ragooni adda addaan kan dhagahanii mallatteesan waan ta'eef) haqeera jechuun murteese. Murtii kunis hanga m/m/w/oromiyaati hindhi yeesisu jechuun cufame (gal.lakk. 53765). Himatamaan waa'ee miseensa maatii du'aa ta'u isaa waanti ibsame hinjiru.

- a. Murtii armaan olitti ibsame kana bu'uura labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaatin akkamitti madaaltu? Marii hadha.
- b. Faayidaan labsii kanaa mirga abba qabiyyee dhaalaan dabarsuu ilaalchisee jiru ibsaa.
- c. Dhimmaa mana murtii dhiyaate tokko keessatti" A"n himata dhiyeesen Bn lafa ani bara Dargii keessee itti fayyadamu bakka ani hinjiretti maqaa isaatti waan shalagsiifateef gadi naaf haa lakkisu jedhe.
Bn deebii kenneen yeroo dhiyoo kaasee amantaadhan abbaan koo itti kenne malee lafti kan isaa miti jechuun falme.
Ragoonni dhiyaatani dhugaa bahan lafti falmii kaase kan abbaa B ti. Amantaadhaan yeroo abbaan B du'u Bfi hijoollee obbolaa isaa akka itti gudisuuf itti kenname. Bara 1989 kaasee maqaa Btin gibirri itti kanfalama jedhan.

K/H/Gandaa murtii kenneen darbinsa yerootin mirgi B citeera jechuun mormii saa kufaa godhe manni murtii Aanaas cimse.

Dhaddachi ijibbaataa - lafti falmii kaasee lafa qabiyyee abbaa B ta'uufi falmiinis kan gaggeeffamaa jiru ilma B fi Wasiila isaa (obboleessa abbaa B) ta'uu waan hubanneef falmii dhaalaati jechuun K/H/Gandaa aangoo hinqabu jedhee murtii jalaa diige lakk. gal. ij. 46932.

1. ijoon falmii kanaa dhaala jettani amantuu?

2. falmiin darbinsa yeroo eenyuuf mormii falmii ta'a?

Falmii lafa baadiyyaatin walqabatee ka'u keesa harki caalan isaa dhaala waliin kan wal-qabatedha. Sababa baay'ina namaatin lafti qonnaa oomisha baasu dhiphachaa dhufuu isaatin haatii Koo ykn abbaan koo bara "dheeraa dura" qabatani turan qabiyyee lafa isaani dhaalan naaf ta'a jechuun namoonni hedduun mana murtii yoo dhiphisan ni mul'ata. Garuu irri caalli isaa ykn hundi isaa jechuun ni danda'ama bu'uura lab.lakk 66/95 (M/M/H/Gandaa dhaabuu bahee) Koree Hawaasummaa gandaarra waan jalqabamuuf dhaaddachi ijibbaata M/M/W/Oromiyaa Koreen Hawaasa Gandaa dhimma falmii dhaalaa keessumsiisee murteesuf aangoo (material jurisdiction) labsichaan hin kennamneef jechuun ejjennoo qabatee murtii diigaa tureera Fknf lakk. gal. ij 47609.

Qabxii marii

Isin ejjennoo dhaddacha ijibbaata kanaan waliigaltuu? Yoo yaada addaa qabaatan ibsaatii mariihadha.

b. Kennaan mirga itti fayyadama lafa dabarsuu

Lafti qabeenya uummataa mootummaadhan bulu ta'u illee abbaan qabiyyee mirga itti fayyadamaa laficharratti qabu dhaaltoota isaa

dhaalchisuurra darbee misensa maatii isaaf yeroo lubbuudhan jiru dabarsee kennuuf mirga qaba. Abbaan qabiyyee mirga itti fayyadama laficharratti qabu kennaadhan dabarsuu yoo dandahe illee akka qabeenya dhuunfaa isaatti daangaa malee abbaa barbaadef dabarsee kan kennu osoo hin taane miseensa maatii isaa galii lafa saniitin buluufi ykn galii biraa hin qabneef ykn lafa dhabeeyyii hijoollee isaatif qofaa dabarsee kennuu dandahuu ta'uu daangaheera kwt.6.

Kaayyoon labsii kanaa qabiyyeen lafa baadiyyaa bu'aa qabeenyaa (material benefit) argamisiisurra darbee eenyummaa namaa kan callaqqisiisu waan ta'eef akka aadaati qabiyyeen lafaa miseensa maatiirra bahee harka nama biraa galuu akka hin qabne kan barame labsichaan beekumsa argachuu isaa hubanna.

Labsiin kun mirga itti fayyadama qabiyyee kennaadhan darbuu kan danda'u ta'uu ibsu illee kennichi seeraa qabeessa (valid) ykn foormaalitii maal guutuu akka qabu waan ibses ta'e seeraa biraan furmaanni akka laatamuu danda'u waan caqase hin qabu. Haa ta'u malee waliigalteen kennaa mirga itti fayyaadama abbaa qabiyyee lafaa dabarsee kennuu ilaalchisee hanga seeraa addaa ta'een haala addaatin akka bitamu hin keenyetti seerri Hariiroo Hawaasaa kennaa ilaallatu kwt.2427-2489 jiru akkaata amala addaafi imaammata lafaatin bu'uura taasifatee raawwatinsa kan qabaatu ta'a lakk.gal.ij. 53036

C. Kiraadhan (lease) abba qabiyyee dhuunfaarraa ykn mootummrraa argachuu

Akka labsii kanaatti abbaan qabiyyee lafaa mirga itti fayyadama laficharratti qabu walii galteedhan kireessuu yoo danda'e illee labsichi akkaata raawwannaa waliigaltichaa haalaan kan to'atedha (highly regulated but not left to the parties as to what they like based on the freedom of contract). Waliigalteen kiraa lafaa fedha gareewwanirratti kan maxane osoo hintaane bal'ina lafaa kiraan kennamu, gatii kiraa, yeroo

waliigaltichi itti turuufi ulaagaa (form) guutuu qabu labsichaan kan daangeffamedha. Akka labsii kanaa kwt-10 jalatti tartiiban kaahametti lafti abbaan qabiyyee kireessu bal'inni isaa hanga walakka qabiyyee isaa qofatti dha (kwt-10(1)). Gatiin kiraa lafaa kanfalamu illee bu'aa laficharra gara fuula duraatti argamuu waliin akka walsimuu qabu ibsa. Gatiin kiraa kunis yeroo waliigaltichi raawwatu bu'aa argamu tilmaama keessa galchuun gareen murteesu qabu. Yeroon turmaata waliigaltichaas qonna aadaaf yoo ta'e waggaa 3(sadii) kan hammayyaa immoo waggaa 15 caaluu hinqabu (kwt.10 (2)).

Gama biraatin hedduu barbaachisaa kan ta'e seeraa qabeesummaa (validity) waliigaltiichaaf foormaaliitii maal akka guutuu qabudha. Bu'uura kwt.10(3)tti waliigaltichi barreeffamaan ta'ee Biiroo Qonnaa fi Misooma Baadiyya Oromiyaatti (BQMBO) galmaahe yoo mirkanaahe (registration and authentication) malee seera qabeessa ta'ee dirqisiisuu hindanda'u. Kanaa alatti waliigaltichi seera duratti akka hinjiretti (null and void) ykn wiixinee qofaa akka ta'etti ilaalama.

Labsichi waliigaltee gara fuuladuraatti ta'u qofa osso hintaane waliigalteen kiraa lafaa kanaan dura taasifaman ille ulaagaa waliigaltichi seeraa qabeessa ta'uf barbaachise guutuu akka qaban ibsa. Faayidaan keewwata kanaa wabii mirga itti fayyadama lafa qotee buloota eegufi faayidaa lafaa tilmaama keessa kan galche ta'u illee duubatti deebi'ee waliigaltee kanaan dura raawwatamanis BQMBotti galmaahe akka mirkanaahu dirqisiisun isaa jeequmsa hawaasa keessatti (disturbing social order and security of trade) kan uumudha. Gama kaaniinis qotee bultoon hagamtu waliigaltee kiraa lafaa galmeesuufi mirkaneesuf Finfinnee dhufuu? Hojiira oolmi keewwata kanaa qabatamaatti shakkisiisadha. Fknf kiraa lafaa qr.300 ykn 400f Boorana ykn Begiidha Finfinnee dhufee BQMBotti foormaaliitii guutu jedhamee hin yaadamu. Maalif waajira Qonna Aanaaf bakka bu'umaan kennamuu akka dhabe mariihadha?

Lab.lakk.56/1994 haaluma lab.lakk.130/1999ttii seera qabeessummaa waliigaltee kiraa lafaaf ulaagaan taa'e yoo jiraate tokko ta'u illee falmii mana murtii dhiyaatan keessatti foormaaliitii seerri barbaadu guutee Kan argame hinjiru- lakk.gal.ij.57276

Qxabii Marii

1. Keewwanni 10(3) labsii kanaa seeraa qabeessummaa waliigaltee kiraa lafaatif BQMBotti galmaahufi mirkanaahu akka qabu dirqisiisa. Jechi galmaahufi mirkanaahu jedhu maal akka ta'eefi garaagarumma isaa ibsaa.
2. Labsiin kun seera Hariiroo Hawaasaa kwt.1723 qabeenya hin sochoone abbaa qabeenyumma dabarsuuf foormaaliitii waliigaltichi seeraa qabeessummaa isaatif barbaadu waliin walitti dhufeenya isaarratti mariihadhaa.
3. Waliigalteen kiraa lafaa yeroo raawwatu fedhii qabiyyicharratti mirga itti fayyadamuu qaban hunda argachuu akka qabu kwt 10(6) jalatti taa'era. Fknf Abbaa manaafi haati manaa qabiyyee lafa isaani kiraa kennuuf fedhii hijoollee isaani mirkaneefachuu qabuu? Qabiyyee gosa akkamiirratti keewwanni xiqqaan kun akka raawwii qabu mariihadha.

Dhumarrattis mirgi itti fayyadama lafaa qabeenya laficharratti horatame gurguruu, jijjiiruufi dabarsuu kan dabalatu ta'uu isaati. Haa ta'u malee hundee qabeenya dhaabbataa qabiyyee lafaatin walqabatee jiru kan akka Buna, Jimaa, Maango, Avokaadoo, Paappayaa, Burtukaana fi kkf gurguruun akka hindandaamneefi yoo kan gurguramu ta'e lafa qabeenyichi irra jiru kan hindabalanneefi bifa haalan toatameen kan daangeffameenidha kwt.6. Keewwanni kun dhugmatti wabii mirga abbaa qabiyyee lafaa kan mirkaneese fi rakkina kanaan dura sababa gurgurtaa manaafi ashaakiltoota amala

dhaabbataa qaban olitti ibsaman gurgurtaan qotee bulaan lafa isaarra buqqa'a tureef furmaata kan kennedha.

Qabxii marii

Kwt.6 jalatti haalli labsiin mirga qabeenya gurgurachuu daangesse mirga qabeenyaa heera mootummaatin mirkanaaheen walitti bu'a jettani amantuu?

2.2 Wabii mirga itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa mirkaneessuu

Wa'een wabii mirga itti fayyadama qabiyyee mirkaneessuu gosa qabiyyee [dhuunfan, waliiniifi motummaa] kamuu keessatti dhimma hedduu barbaachisaa ta'edha. Wabii mirga itti fayyadamaa lafa ilaaalchisee barrulee bulinchiinsaa fi imaammata lafa baadiyyaa (rural land policy and administration) jedhu ministeera qonafi misooma baadiyyaatin 2006 tti qophaahe keessatii;

“security of tenure is the certainty that a person’s rights to land will be recognized by others and protected in cases of specific challenges. People with insecure tenure face the risk that their rights to land will be threatened by competing claims, and even lost as a result of eviction. Without security of tenure, households are significantly impaired in their ability to secure sufficient food and to enjoy sustainable rural livelihoods”.

Jechuun barbaachisummaa wabii mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa jiruufi jireenya qonnaan bulaarratti qabu ol'aanaa ta'u ibseera.

Labsiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa oromiyaas duudhaaleefi keewwatoota wabii mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa mirkaneessuu hedduu kan of keessa qabu waan ta'eef sadarkaa seeraatin illee eegumis mirga abbaa qabiyyeef taasifame ol'aanaadha.

Akkaata duudha fi keewwatoota labsii kanaatii qotee bulaan lafa qonnaaf tolaan argate daangaa yeroo malee umurii issa guutuu itti fayyadamuu danda'a. Mataa isaatiin lafichatti fayyadamuurra darbee mirga itti fayyadama lafa dhaaltoota isaaf dabarsuu, miseensa maatii isaaf kennuufi abbaa

barbaadetti kireessuu dabalata. Kana malees lafa qabiyyee isaa humna ofii fi maatii isaatin qotuu ykn namoota biraa itti qaxaree misoomsuu ni danda'a.

Wabii mirga itti fayyadamaa mirkaneessuurratti irra caalan iddoo ol'aanaa kan qaban qabxileen bu'uuraa:

1. Mirigi itti fayyadama lafaa faayidaa ummataaf jecha mootummaan kan dhaalu yoo ta'e illee qabeenyaa fi faayidaa achirra dhabeef dursee beenyaa argachuuf mirga qaba. Kana malees dabalataan lafa walgitu bakka bu'aaf, yoo hammaate beenya deebisani dhaabuu argachuuf mirga qaba.(kwt-6(11fi12)
2. Sababa idaa duunfaatin mirgi ittifayyadama lafaa raawwiidha qabamuura bilsa (kwt-6(5). Haa ta'u malee KHG abbaan qabiyyee gibira ittifayyadama lafa baadiyyaa bara1998 fi19999 hin kanfalle jechuun lafti qabyee isaa caalbaasiin akka kireeffamu murteese gal. lakk. ij. 69830 seera qabeesummaa isaarratti mariihadhaa.
3. Lafa jallisiin misoomurra kan hafe lafti qotee bulaan qabame deebi'ee qoodaamuu akka hindanda'amne ifatti taa'eera (kwt-14(1)
4. foormaaliitin labsiin kun yeroo mirgi itti fayyadamaa qabiyyee lafaa kireeffamuufi qabeenyi lafichaan walqabate jiru gurguramu guutuu qabu jechuun kaahe (olitti kan ibsame) wabii mirga itti fayyadama abbaa qabiyyee mirkaneessuuf kan kaayyefatanidha.
5. labsichi abbaa qabiyyeen lafa baadiyyaa eenyu akka ta'e, bal'ina lafaafi itti fayyadama, sadarka gabbinaafi daangaa issa addaan barsee qaama aangoo qabu biratti galmeessufi daangaa qabiyyee kan mul'isu kaartaan akka qophaahu akkasumas waraqaa raga abbaa qabiyyee akka kennamu taasisuun isaa wabii mirga abbaa qabiyyee kan mirkaneessu
6. Dhumarrattis labsichi walididdaan abbootii qabiyyee gidduutti ka'u hiikuufi wabii mirga itti fayyadama lafaa mirkaneessuu keessatti sirnni diriirse shoora ol'aanaa kan qabudha. .

Kanaa olitti qabxileen bu'uuraa wabii mirga itti fayyadama lafa mirkaneessuuf taa'an iddoo ol'aanaa qabu jedhame caqasame kun mirga bu'uuraa kan ta'aniifi lafti qabeenya mootummaatti kan jedhameirra mirga namoota dununfaa lafarratti qaban mirga abbaa qabeenyaa waliin hedduu kan walfakkaatudha.

Qbxii marii

Qabxilee bu'uuraa wabii mirga itti fayyadama lafaa mirkanessu jedhame kanaan olitti ibsaman kun guutummaan guutuutti wabii mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa mirkaneessu jettani amantuu? mariihadha. Hinmirkaneessan kan jettaan yoo ta'e maaltu guutamuun hafe?

2.3 Mirga Dubartoonni lafa baadiyyaarratti qaban (women's land right)

Bu'uura heera mootummaatti dubartoonni lafa argachuu, bulchuu fi haala kamiinuu dabarsuurratti dhiira waliin mirga wal-qixxee akka qaban tumeera. Haaluma kanaan walqixxummaa saalaa mirkaneesera. Kana malees qabeenya dhaaluu irratti illee seerri bifa tokkoon akka isaanirratti raawwatuufi al-loogummaa bifa kamiirra bilisa akka ta'an kaaheera.

Mirga itti fayyadamaafi abbaan qabiyyee lafaa baadiyya jiruufi jireenyi dubartoota baadiyyaa galii lafa qonnarra argamurratti maxantuu ta'ef iddoo ol'aanaa qaba. Mirga itti fayyadama lafaa dhabuun haala jireenya dubartoota balaarra buusa, qabsoo abbaa qabeenyaa ta'uurratti gufuu kan ta'uufi sochii walqixxummaa hawaasa keessatti taasifamu kan qancarsudha. Mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa dubartoonni dhaban jechuun sagantaa midhaan nyaataatin of danda'uus ta'e gumaacha misooma biyyaa keessatti taasisan kan gufachiisu jechuudha. Sababama kanaaf, tumaalee labsii itti fayyadamaafi bulchiinsa lafa baadiyyaa oromiyaa keewwatoota adda addaa jalatti mirga lafa argachuu, itti fayyadamafi bulchuurratti dhiira waliin mirga wal qixxee akka qabaatan kan mirkaneese.

Kana malees waraqaa abbaa qabiyyee maqaa abbaa manaafi haadha manaatin kan qophaahufi (kwt.15(8) dhirsaa fi niitiin yeroo wal-hiikan qabiyyee lafaa maqaa isaanitiin galmaayee waliin qaban addaan hirachuuf mirga waliqixxee ta'e ni qabaatu jechuun tumeera.

Qaphxxii marii

Namni haadha manaa tokkoo ol qabu haala akkamiin waraqaa raga abbaa qabiyyee argata? Fkn ishee tokko qofa waliin immoo hunduma waliini? hunda waliin yoo jedhame yeeroo hunda waliin wal hiike bakka hundaa qixxee kan hiratuu? Gaaffii mirga walqixxummaa woo?

Boqonnaa 3: Daangeffamaafi hafinsa mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa.

Dhuma boqonnaa kanaatti hirmaattonnii:

- Sababoota mirgi itti fayyada lafa baadiyyaa itti daangeffamuufi hafu maal akka ta'e ni ibsu
- Kaayoo fi barbaachisummaa darbinsa yeroo ni hubatu
- Garaagarummaa darbinsa yeroofi fedhiin mirga itti fayyadama lafaa dhiisuu ni hubatu

A. Mirga ittifayyadama lafaa dhiisuu (waiver of right)

Mirga itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa hanbisuuf labsichaan akka sababaatti kan taa'an keessaa inni duraa kwt.6(16) jalatti fedhiin itti fayyadamu dhiisudha. Abbaan qabiyyee lafa qabiyyee isaatti yeroo waggaa lamaa fi issa ol ta'eef fedhii mataa isaatin fayyadamuu dhabuufi kunuunsa taasisuu qabu kan hinbaane yoo ta'edha. Mirga itti fayyadamu dhiisuu jechuun akka "Black's law dictionary" (the voluntary relinquishment or abandonment-express or implied of a legal right or advantage) jechuun

kaahera. Keewwata 6(16) jalatti sababa mirgi itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa hanbisan keessaa;

- Fedhi abbaa qabiyyeetin yeroo waggaa lamaa fi isa ol ta'eef itti fayyadamuu dhiisuufi
- Dirqama tumaalee labsichii abbaa qabiyyeerra eegu kunuunsa barbaachisaa lafichaaf taasisuu qabu yeroo waggaa lamaa fi isaa ol ta'eef bahuudhabuudha.

Kaayyoon keewwata kanaas lafti meesha oomishitummaa keessaa akkuma kaapitaalaa fi humna namaatti kan lakkaahamu waan ta'eef biyya hanqinni lafaa jiruu kanatti waggaa lamaa fi isaa ol faayidaa malee tursiisun gufuu gudinaa ta'a jedhame waan yaadameef. Fedhiin itti fayyadamu dhiisuun kun darbinsa yeroo waan hintaanef dirqama garee biraatin ka'ee falmamuu osoo hin barbaacisiin tilmaama seeraati. Kanaaf mana murtiif haala bifa biraatin kan mirkanaahe taanan kaayyoo labsichaa galmaan gahuuf jecha kaka'umsa mataa isaatin kaasuu qaba. Fedhii mataa isaatin dhiise ykn hindhiifne kan jedhuuf ragaan mirkaneessuu osoo hin barbaachisiin yeroon waggaa lamaa ykn isaa ol itti hin fayyadamiin darbe taanaan seerri akka dhiisetti kan tilmaama fudhatudha. Tilmaamni seeraa kun garuu raga faallan (rebut) fashalaahu ni danda'a.

Gama kaaniin mirga itti fayyadama lafaa kan hanbbisu dirqama abbaa qabiyyee lafaa kunuunsa isarraa eegamu bahuu dhabuudha. Sababoonni kuni lamaan bakka tokkotti iddoo guutamani argamanitti abbaan qabiyyee mirga itti fayyadama fedhaan dhiise kan nama jechisiisu. keewwanni kun namoota waggoota hedduuf lafa isaani dhiisani sababa dur kan akaakayyuu, akaakilee, abbaa kooti ykn ofiin yeroo akkasii itti fayyadamerra qabiyyee kooti jechuun falmii hedduu gosa akkasii mana murtii dhiphisaa jiruuf furmaata ta'a.

B. Mootummaan yoo dhaalame (expropriation)

Mirga itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa hanbbisuuf sababiin biraa lafti sun faayidaa ol'aannaa dhimma uummataaf barbaadama jedhamee mootummaan kan dhaalamu ta'edha. Lafti abbaa qabiyyeerra sababa malin dhaalama, madaallin faayidaa ol'aannaa dhimma uummataa jedhu maalirratti hundaaha? kan jedhuufi falmii hanga beenyaa walqabatee jiru labsichaan addaan bahee hinteenye. Haa ta'u malee labsichaan addan bahee ifatti hincaqafmne jechuun seerri dhimma kana bitu hinjiru jeechuu miti. Kanaaf, dhimma dhaalmaatin wal qabatee falmii ka'u hikuuf amala addaa fi imaammata lafa baadiyyaa waliin wal simsiisun S.H.H kwt.1460fi itti aanee jiru lab.lakk. 455/1997 raawwatinsa ni qabaata hanga serri addaa dhimma kana bitu hinjiretti.

C- Daangaa darbinsa yeroo

Kaayyoo fi akkaatan raawwiin isaa adda adda ta'ellee duudhaa seeraa darbinsa yeroo hojiirra biyyi hinoolchine hinjiru. Duudhaan darbinsa yeroo mirgi nama tokko sababa yeroon murtaahe darbeef kan hafuufi kallattii biraan immoo namni mirga abbaa qabeenyaa hinqabne qabeenya ykn qabiyyee nama biraa qabatee akka uulaagaa seerri kaahetti of bira tursuun akkaata mirga abbaa qabeenya itti horatudha. Gosti darbinsa yeroo lamadha. Inni duraa itti gaafatamummaa idaarraa bilisa kan nama baasu (liberative prescription) yoo ta'u inni lammaffaa garuu mirga duraan hinjire kan nama horachiisu (acquisitive prescription) jedhamee kan beekkamudha.

Gosti darbinsa yeroo ijoo harkaa qabnu walin kan walsimuufi ilaaluuf jirru isa lammaffaati. Haala kanaan namni qabiyyee nama biraa mormii malee yeroo dheeraf to'annoo isaa jalatti galfatee ulaagaalee seeraa biraa guutaa yeroo murtaahef itti fayyadame yeroon murtaahe gaaffii tokko malee kan dhume yoo ta'e haala itti abbaa qabeenya ta'udha.

Kaayyoon duudhaa darbinsa yeroo gaaffiin mirgaa yeroo murtaahe keessatti dhiyaachuu akka qabuu kan daangesedha. Kana malees nagaa fi eegumsa hawaasummaa haala amansiisarrattii eeguuf jecha sababa dheerina yerootin

mirga xiqqaachaati siruma iyyuu jiraachuun isaa iraanfatame akka hinjiretti ilaalani cinaatti dhiisuun kan itti fufu cimsanii qabachuurratti kan kaayyefate. Labsiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa haqame (lakk.56/94) waldiddaa abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa ilaaluf aangoo sadarkaa duraa koree hawaasumma gandaaf kan kennedha. Lab.lakk 66/95 manneen murtii hawaasummaa gandaa irra deebi'ee dhaabuf bahe kwt.54(2) jalatti falmii abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa waliin wal qabatee ka'u guyyaa himata dhiyaatu danda'urra kaasee waggaa lama booda yoo dhiyaate fudhatama hin qabu jechuun ifatti waan kaaheef dhimmoonni hedduun mormin darbinsa yeroo irratti ka'e bu'uuruma kanaan furmaata argatani jiru.

Haa ta'u malee labsileen lakk. 56/94 fi 66/95 olitti caqasaman kun haqamuu isaaniitin akkasumas lab.lakk.130/1999 hojiira jiru waa'ee darbinsa yeroo waan caqase hinqabneef dhimmoota mana murtii dhiyaatanin wal qabatee mormii darbinsa yeroo ka'uuf gaaffii ta'eera. Labsin kun waa'ee darbinsa yeroo caqasuu dhabuun isaa falmii mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa waliin wal qabatee ka'urratti danbbiin darbinsa yeroo raawwii hinqabu jechuudha?

Akka ogeessa seeratti gaaffii kanaaf furmaata kennuuf mala hiikaa seeraa hojiira oolchuun barbaachisaadha. Duuchaatti gaaffi ka'eef deebii laachuufi duudhaa darbinsa yeroo olitti caqasame keessatti yeroon issa dheera ta'us gabaaba sirna haqaa biyya kamii keessatuu danbbiin darbinsa yeroo raawwatinsa akka qabu ibsaineerra.

Falmiin mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa waliin wal qabatee ka'us duudhaa kanaatin ala ta'a jedhamee hintilmaamamu. Sababuma waliigalaatin falmiin abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa illee taanaan raawwatinsa darbinsa yeroorra bilisa hinta'u.

Falmiin abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa darbinsa yeroorra blisa hinta'u erga jedhame gaaffiin ittiaanu seeraa darbinsa yeroo kamiitu raawwatinsa qaba? Yeroo hagam booda himanni yoo dhiyaate fudhatama hin qabu? Gaaffi kanaaf deebii kennuuf yaada kallattii lamaan jiraachuu danda'a. Inni duraa waliddiddaan mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaarrattii ka'u akkuma dirqama (obligation) kamii waliigalteerratti hinhundaahintti ilaaluun bu'uura S.H.H kwt.1677(1) fi 1845tin darbinsa yeroo waggaa kudhanitu (10) raawwatinsa irratti qaba jechuun falmu. Gama kaaniin amala addaa lafti baadiyyaa qabuufi bu'uura imaammata waliigalaa lafarratti jiruun mirgi lafarratti namoonni qaban mirga abbaa qabiyyee malee abbaa qabeenya miti. Falmiin ka'us mirga abbaa qabiyyummaa (possessory action) waan ta'eef abbaan qabiyyee jeequmsi narratti uumame jedhu gaafa himana dhiyeesuu danda'amurra kaasee bu'uura S.H.H kwt.1149(2) tin waggaa lama keessatti dhiyeesuu qaba kan jedhu.

Qabxii marii

-Yaada isa kamtu madaallii kaasa jettanii amantu? Sababa keessan waliin kaaha

- Rakkon kun rakkoodhuma waliigalaa abbootii seeraa gidduutti calaqisudha. Qabatamaatti mormii darbinsa yeroorrati ka'e ilaalchisee haala akkamiin furmaata akka kennaa jirtan yaada wal jijjiira

D. Dirqama tumaalee labsii bahuu dhabuu

Labsichi kutaa sadaffaa kwt.18-25tti mata duree lafa karooran fayyadamuu fi kunuunsuu ilaalchisee daangeffama taa'an jedhu jalatti haala abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa itti fayyadamuufi kunuunsuu ilaalchisee dirqama abbaa qabiyyeerra kaaha.

Kaayyoon kutaa kanaa illee kaayyoo waliigalaa labsichi seensa (preamble) isaarratti kaaheen haalli itti fayyadaminsi lafaa kallatti guddina walitti

fufinsa qabu fiduufi carraa missooma dhaaloota dhufurratti miidha hingedifne galmaan gahuudha.

Dirqamni labsichaan abbaa qabiyyeerra jiru haaluma waligalaatti qabeenya uumammaafi lafatti yeroo fayyadamu kunuunsa barbaachisaa ta'e akka of eegannoodhan raawwatuuf kallattii imaammata eegumsa naannoo kan callaqisiisu. Akkaatan keewwatoonni kun taa'anis yoo ilaallu haala dirqisiisan waan ta'eef tumaalee keewwatoota kanaa bahuu dhabuun faayidaa waliigalaaf jecha tarkaanfii hanga qabiyyeerra buqqa'uu gahutti kan hordofsiisuu danda'u ta'a.

Lab.lakk.456/1997 kwt.10(1)irra hubachuu kan danda'amu abbaan qabiyyee lafa to'annaa isaa jala jirurratti miidhaa kan geesisu yoo ta'e mirga itti fayyadama issa kan dhabsiisu ta'u isaati.

Boqonna 4: Akkaataa waldiddaafi waldhabiinsa

Abbaa qabiyyee itti hiikamu

(Land dispute resolution)

Leenjifamtoonni xumuura boqonnaa kanaatti:

- kaayyooo labsichi qaama jaarsolii dhaabuuf barbaachise ni ibsu
- gahee jaarsolee araaraa qabiyyee lafa baadiyyaan walqabatee waldiddaa ka'u hiikuf qaban ni hubatu
- wabii mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa mirkaneessuu keessatti shoorra manni murtii idilee qabu ni ibsu

4.1. Kaayyoofi gahee jaarsolii araaraa

Waldiddaan uummata qotee bulaa gidduutti falmii abbaa qabiyyee lafaatin walqabatee ka'u keessattuu kan akka dhimma daangaa darbuu mana murtii idileetti dhiyaate furmaata kan argaturra sirnna addaa waldiddaa hiikuf

yeroodha gara yerootti aadaadhan gabbatee qaama jaarsoliin furmaata yoo kan argatu ta'e bu'aa qaba. Sababiin isaas adeemsi mana murtii idilee walxaxaa, kan yeroo fudhatuufi ogummaa addaa barbaadu waan ta'eef. Seeraa ijoos yoo ta'e namoota ogummaa seeraafi odeefannoo gahaa hinqabneen kan kajeelamu waan hintaanef qaama sirnni idileetin ala ta'e waldhabbi abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa hiikuf danda'u diriirsuun kan filatamudha.

Falmii dhaalatin ala waldiddaan lafa baadiyyaa waliin walqabate ka'u irri caalli isaa falmii daangaa ykn abbaa qabiyyee waan ta'eef ijoo dubbirratti kan hundaahedha (that many times gives rise to factual issues). Bu'aan waldiddaa araara jaarsoliitin xumuurun irra guddaan isaa osoo falmitoota gidduutti goddaanisa hinhanbbisiin falmii ka'eef furmfaata kennuu isaati. Falmiin daangaa darbuu ykn abbaa qabiyyee hiikuuf ijoo falmii abbaan qabiyyee lafa falmii kaase kanaa eenyu? Ykn daangaan jedhame darbame moo hindarbamne? kan jedhuf furmaata kennuurraa darbee ogummaa seera addaa ta'ee falmii seeraaf furmaata kennuu kan barbaadu miti. Falmii akkasii kan jaarsoliidhan furmaata akka argatu carraa laachuun heedduu kan rakkina uumu ta'ee hinargamu.

Gareen murtii jaarsoliitti muufatan ille akkaata murticharra mana murtii idileetti ol-iyatan ykn gama biraatin furmaata argachuu danda'an akka filannoo isaa dhumaatti ilaalamee labsichaan sirnni diriireera.

Kanaa olitti kaayyoo labsichi qaama jaarsolii araaraa waldiddaa daangaa ykn qabiyyee lafa baadiyyaarratti ka'e hiikuuf akka qaama haqaati labsichi hundese erga ilaallee labsicha waliin walqabatee gahee jaarsoliifi hanqinoota labsichi gama kanaan qabu hojii qabatamaarratti hundoofnee ilaalla.

Akkaata labsichaatti waldiddaa fi waldhabbiinsi daangaa ykn aabaa qabiyyee lafa qonnaarratti ka'u kamiyyuu duraan dursee dhiyaachuu kan qabu

jaarsolii araaraa bitaa fi mirgaan filatamaniin ta'uu akka qabu Kwt.16 ni ibsa.

Akkaata kwt.16tti sirnni falmii lafa baadiyyaan walqabatee ka'u duraan durrsee gareen mirgi koo miidhame jedhu bulchiinsa gandaatti iyyanna dhiyeefata. Gama bulchiinsa gandaatin himatamaan dhiyaate jaarsolii lama lama akka filatan ta'ee yoo waliigalan jaarsa gidduu galeessa waliin filatu. Yoo waliin hingallee bulchaa gandaatin walitti qabaan kan muudamu ta'a. Jaarsoliin kunis guyyaa muudamani kaase guyyaa 15 keessatti bu'a araara bulchiinsa gandaaf dhiyeessu. Bulchiinsi ganda bu'a araara kana galmeesee, chaapesuun garagalcha isaa abbootii dhimmaaf kenna. Gareen bu'aa araara jaarsoliirra komii qabu erga bu'aan araarichaa bulchiinsa gandaattii galmaahe kaasee guyyaa sodoma keessatti bu'aa araaran walqabsiisee mana murtii idileetti himannaa dhiyeesuu akka dandahuuf manni murtii idilee illee himannaa bu'aa araaraa walqabatu malee himannicha fudhachuu akka hinqabne tumeera. Asirratti aangoon qaama bulchiinsa gandaa waldiddaa lafa baadiyyaan walqabatee ka'uuf akkaata itti hiikamu haala mijeessuurra (as a facilitator) darbee maal akka ta'e ifaatti labsichaan hin teenye. Qaama bulchiinsa kanaas akka qaama bilisaa (independent) ta'eetti ilaalame aangoo hanga Jaarsa araaraa gidduu galeessaa muuduu dand'u kennuun isaa ifa miti. Fknf garee falmitootarra bulchiinsi gandaa isa tokko yoo ta'e aangoon haala araara mijeessuu akkaamiin ilaalama?

Akkaa Jaarsa araaraatti (arbitrator) jaalala gareetin yoo waliigalame kan itti galamu yoo hintaane dhiifamu osoo hintaane labsiidhan qaama hundeeffamedha waan ta'eef waldiddaa lafa baadiyyaatin walqabatee ka'u duraan dursee Jaarsolii araaraattii dhiyaachuu qaba. Jaarsoliin araara (arbitrator) akka duudhaatti murtii dirqisiisaa kennuu kan danda'u ta'ee murticha gareen komatu mana murtii idileetti ol-iiyata malee bu'aa araara akka ragaatti walqabsiisuun himannaa dhiyeesu miti. Asirratti gaheen Jaarsolii araara raga calaluu qofaarratti kan hundahe fakkaata. Gama

biraatin bu'aa araara jaarsoliirra gareen komate himannaa hindhiyeesinerratti yaadni araara kun akka murtii dirqisiisaatti ilaalamee kan raawwatu ta'uun isaa qaama kana adda kan taasiisudha.

Gama kanaan gaheen jaarsolii araara yaada araara qofa dhiyeessu akka hin jedhamneef gareen bu'aa araaraatin muufate guyyaa sodoma keessatti himannaa dhiyeessa kan jedhu duudha jarsolee araara (arbitration Art. 319 C.pr.C, Art.3325 ff C.C.) waliin faallaadha.

Sababiin isaas bu'a araara jaarsoliin kan muufate himatamaa yoo ta'e haala akkamiitin himannaa dhiyeessa? Ykn eenyurratti? Gaaffii jedhuuf labsichi deebii hin kennu. Bu'aan araara sirri miti jedhee kan komatu yoo ta'e komii ol-iiyannooti malee himannaa miti.

Kana malees gareen bu'a araarratti komii qabu guyyaa garagalfamee bulchiinsi gandaa kenneef kaase guyyaa 30 keessatti himanna yoo hindhiyeesine furmaata maal qaba? Hayyamsiisa yeroon 01-iiyannoo darbe dhiyeessuu danda'aa? Jaarsoliin araara kun akka qaama haqaatti labsichaan hundaahe beekkumsa kan argate yoo ta'e illee akkaata falmii itti gaggeessanii fi aangoo garee falmitoota itti tohatan kan kaahe hinqabu. Faknf gareen falmii isaaani seeraa fi naamusaan adeemsisuu yoo baatan jaarsoliin akkamiin hojii isaani fiixan baafatu?

Qabxii marii

Bulchiinsi ganda "A" jedhamu mana murtii Aanaa "B" f xalayaa barreesseen dhimma daangaa lafaa ilaalchisee iyyata himataan gaafa 3-2-2000tti barreesseen jaarsoliin yeroo kudhaniif lakkahamee taa'an illee gareewwan lamaanu seeraa kabajuu dhabuun

- Jaarsolii arabsu
- Guyyaa beellamaa kabajuu dhabuun jeequmsa waan uumanif gama keessaniin furmanni itti akka kennamu jedhame gaafa 23-6-2000 barreessee waliin qabsiisee himataan 01-iiyannoo mana murtii

Aanaatti gaafa 10/7/2000 dhiyeese manni murtii Aanaa offitti fudhatee raga dhagahuun murteese. (gal. lakk. Ij 09327)

- a. Manni murtii aanaa himannaa (kan amma 01-iiyannoo) bu'a araaraa wal hinqabatiin ofitti fuudhe ilaalun murtii kennuun isaa akkamitti ilaaltu? Mariihadha.
- b. Manni murtii aanaa haala kanaan dhimmoota ofitti kan fudhatee ilaalu yoo ta'e kaayyoo labsichi galmaan gahuu barbaade hojiirra ooleera? Gaheen jaarsolii araara woo maalidha?
- c. Gareewwan seeraa kabajanii naamusaan falmii isaani kan hindhiyeesine yoo ta'e jaarsoliin haala akkamtiin hojii isaani gaggeessu?
- d. Dhimmichi jaarsolii araaraf 3-2-2000 dhiyaate hanga furmaata kennuu hindandeenye jedhame 23-6-2000 tti baatii 4fi guyyaa 20 ture. Gareen tokko dhimmi Koo yeroodhan furmaata hinarganne jechuun kan iyyatu yoo ta'e furmaata maal kennitu? Bu'an araara guyyaa 15 booda dhiyaatu fudhatama qabaa?

Gama kaanin rakkoon labsii kana keesatti qaama jaarsoliitin walqabatee argamu gareen tokko jaarsa araaraa hinfiladhu yoo kan jedhu ta'e furmaanni maali?. Qaama jaarsolii araara hundeesuf rakkoon jiru illee seerichaan furmaata kan argate miti. Kana malees labsichi akkaata jaarsoliin aangoo isaanirra haqaman ykn ka'an illee kan kaahe waan hinqabneef gama kanaanis hanqina kan qabudha. Haa ta'u malee duudha jaarsa araara ("arbitrator proper") akka walfudhatutti dhimma harkaa qabnuuf hojiirra oolchuun kan danda'amu ta'us kun uummata qotee bulaa biratti rakkoo biraa kan uumudha.

Labsichi gareewwan walfalmaaniif waldhabbi isaan gidduu jiru hiikuf akka danda'an carraa bal'aa kennuun haala barbaadaniin dhimma isaanii fixachuu ykn araaramuu akka danda'anf sirnna diriirsuun isaa faayidaan qabu guddaa (kwt. 16(2)) ta'us rakkina mataa isaa qaba. Hojii

qaama haqaarratti tuulamu tamsaasun yeroo gabaabafi salphaatti walduhabbiif furmaata kennuuf faayidaa qaba.

Qabxii marii

Dhimma falmii lafaatin walqabatee ka'urratti manni murtii aanaa himannaa kallatiidhan ofitti fudhatee ilaalee murtii kennerratti gareen biraa qabxii kana komachuudhan dhaddacha ijibbaataf dhiyeesu illee dhaddchi kun ijoo falmii ilaalun hanga dogongor biraa hinqabnetti jaarsolii araarratti dhimmichi duraan dursee dhiyaachuu dhabuu qofti daogngora bu'uura seeraa miti jechuun sagalee caalmaan hin dhiyeesieu jechuun galmee cufe. Ajaja kanarratti yaada qabdan ibsaa.

4.2 Gahee mana murtii idilee

Manni murtii idilee wabii mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa mirkaneesuu keessatti shoora guddaa qaba. Kunis waldiddaa fi walduhabbiif daangaa qabiyyee ykn mirga abbaa qabiyyuummatin walqabatee ka'u qulqulleessee furmaata kennuun kan ibsamu. Haa ta'u malee dhimmoota lafa baadiyyaan walqabatee mana murtiitti dhiyaatu hiikuun salphaatti kan yaadanmuufi erga hojjetame illee summuun abbootii seeraa kan itti boqotu miti. Keessatuu falmii bu'uura lab. Lakk. 56/94 fi 66/95 bu'uurefatee Koree Hawaasummaa Gadaatti eegalamu ilaalchisee rakkinna hedduun kan mana murtii idilee keessattuu dhaddacha ijibbaata qunnamaa ture keessa barreeffamni dubbiffamuu dhabuu, K/H/Gandaa ogummaa seeraa waan hinqabneef himannaa, deebiifi ragaan maal akka jedhu addaan baasani kaahu dhabuudha. Ragoota dhiyaatani dhagahaman yeroo dhugaa bahan qulqulleessani fuudhuunis rakkoo biraati. Akkuma sirnaatti immoo rakkinna uumaa kan ture abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee ragaan abbaa qabiyyee kan hinkennamneefi hingalmfoofnee ta'un isaa ragaa namaa amantaan irratti hingatamne qofarratti akka hirkatamu taasiseera. Bu'a murtiin haala kanaan kennamus hagam balaafamaa akka ta'e

tilmaamuuun nama hinrakkisu. Bu'uura lab.lakk.130/1999 tin walqabatee falmiiwwan lafa baadiyyaa dhaddacha ijibbaataf dhiyaatan ilaalchisee komii iyyannoo reefu dhiyaachaa kan jiran waan ta'eef hanga yoonatti falmiin bilchaate gosaafi haala barbaadameen argachuu hin dandeenye. Kanaaf, labsicha hojiirra oolchuurratti rakkina uumame addaan baasanii mariif dhiyeesuf yeeroon isaa kan hafu ta'uu hubatamuu qaba.

Ammas taanan gaaffiin deebii argachuu qabu falmii abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa waliin walqabatee ka'u mirkaneessuf ragaan fudhatama qabu kami? kan jedhu.

Lafti qabeenya hinsochoone jedhamani seeraan ramadaman keessa adda dureen carqasama S.H.H kwt.1130. Lafti qabeenya uummata Itoophiyaa waliinii ta'u illee namoonni dhuunfaa mirga itti fayyadamaa akka qabaniifi lafa to'annoo isaani jala jiru irratti mirga abbaa qabiyyee akka qabaatan seerri ifaatti kaaheera. Mirgi abbaa qabiyyee kun lafichatti daangaa yeroo malee umurii isaa guutuu itti fayyadamu, dhaalan ykn kennaan dabarsuufi kireesuu kan dabalatu waan ta'eef mirga abbaa qabeenya waliin kan walfakkaatu/ walmadaalu ta'u marii keenya darbe keessatti caqafneerra.

Haaluma kaaniin lab.lakk.56/94 keessatti illee taanaan qonnaan bulaan kamuu warqaa raga qabiyyee lafa isaa agarsiisu akka kennamuuf tumameera. Haa ta'u malee qabiyyee lafa baadiyyaa kan dhuunfaa, walinii, mootummaafi miti-mootummaa addaan baasanii daangaa isaa caqasuun raga abbaa qabiyyee kan mul'isu kaartaan qophaahe kennuun hojiirra kan oolee 1998 kaaseeti. Ragaan abbaa qabiyyee mirkaneessu kun qaama mootummaatti abbaa qabiyyee lafichaa galmeessuu qofa osoo hintaane mirkaneessuu (authentication) kan dabalatudha. Raga abbaa qabiyyummaa galmeesuun abbaa qabiyyeef kennuun mirga abbaa

qabiyyee kan mirkaneessu, hanbbisuu ykn miidhudha. Ragaan abbaa qabiyyummaa qaama aangoo qabutti galmaahun isaa raga abbaa qabiyyummaa gahaafi quubsaa raga adda biraatin faalleeffamuu hindandeenyedha (for the register itself is conclusive proof of title). Faayidaan raga abbaa qabiyyees wabii mirga abbaa qabiyyee lafa jedhamerratti mirkaneesuufi iddoo ol'aanaa qaba.

Kanaaf, ragaan abbaa qabiyyummaa qaama aangoo qabuun galmaahe namni kennameef qabiyyicharratti mirga kan qabu ta'u ni mirkaneesssa. Ragichi gowwoomsuun ykn waliindhahuun argame kan jedhuun ala raga biraatin faalleessuun hinanda'amu S.H.H kwt.1195 fi 1196 walfakkeesun (by analogy).

Qabxii marii

- ragaan abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa mirkaneessuf dhiyaachuu qabu fi mana murtiitin fudhatamu kam akka ta'e sababa keessan waliin ibsaa. Raqaa namaa moo barreeffamaa? Ykn lamaaniin ?

Gama kaanin himanni lafa baadiyyaa waliin walqabate dhiyaatu gosti isaa maal ta'uu qaba kan jedhu? Himanna abbaa qabiyyee (possessory action) moo abbaa qabeenyati ? kan jedhu. Mirgi namoonni dhuunfaan lafarratti qaban abbaa qabiyyeeti malee mirga abbaa qabeenya waan hintaanef himanna jeequmsi akka dhaabbatuufi qabiyyee lafaa deebisani to'annoo ofii jala akka oolu gochuudha. Gama kamiinuu bu'an isaa mirga lafichatti fayyadamuu mirkaneesuu waan ta'eef qabatamaatti garaagarumman isaa hedduu kan mul'atu miti.

Wabiiwwan barrulee

1. Ethiopia-strengthening tenure and administration program, USID and Ministry of Agriculture and Rural development, 2006 Addis Ababa.
2. Institute of Development Research (IDR) Addis Ababa University 2002, Some Aspects of rural land tenure in Ethiopia : Access, use and transfer.
3. Black's Law Dictionary
4. Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk. 56/1994
5. Labsii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa fooya'e lakk. 130/1999
6. Costitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia, pro. No. 1/1995, Federal Negarit Gazette, 1year No.13

7. Federal Democratic Republic of Ethiopia Rural Land Administration and Use proclamation, pro. No. 456/2005, Federal Negarit Gazette, 11year No.44
8. ባኢፔ-ውል ሕ መሠረተ ሀሳቦች
በወቲራል ኅ/ዎ/ቤፔ ባኅ ፔ ምርምር ሕፔመፔ መምሪቭ ባ ተመ 1989 ኣ ስ ኣበባ
9. ባኢፔቮእቭ ምፔሐብሔር ሕ 1952
10. ባኢፔቮእቭ ወቲራላዊ ተሞክራሲቭዊ ሪዕ ብሊክ መት ሥፔ ባ ኅር መሬፔ ኣስተ ተር ኣኅ ቃቀም ኣዎ ቁ..456/1997 11ቾ ዓመፔ ቁኅር 44.
11. ባኢፔቮእቭ ወቲራላዊ ምክራሲቭዊ ሪዕ ብሊክ መት ሥፔ ባ ኅር ልማፔ ዠሊስዎች ስፔራ ዎች ሥል ፍ ኅር 1994 ኣ ስ ኣበባ